# Yeroo ammaa mana keessan keessaa namni karaa sagantaalee mootummaa armaan gadii kanneen faayidaa argatu jiraa?

| Faayidaa | Ibsa |
|---|---|
| ***TANF yookan gargaarsa maallaqaa*** ***(TANF or cash assistance)*** | Sagantaan Gargaarsa Yeroo Maatii Rakkataa (TANF) maatii ijoollee galii xiqqaadhan jiraataniif kaffaltiiwwan gargaarsa maallaqaa ji'a ji'aan ni kenna. |
| ***Dubartoota, Daa'immanii fi Ijoollee (WIC)*** ***[Women, Infants, and Children (WIC)]*** | Sagantaan Nyaata Dabalataa Addaa Dubartoota, Daa'immanii fi Ijoollee (WIC) dubartoota ulfa, da'umsa boodaa, fi harma hoosisaniif, akkasumas daa'immanii fi ijjoollee hanga waggaa 5 galii xiqqaadhan jiraataniif soorata madaalawaa fi barnoota soorata madaalawaa ni kenna. |
| ***Wabii Hawaasummaa(Social Security)*** | Wabii Hawaasummaa namoota soorama bahan, namoota qaama miidhamummaa wajjin jiraatan, hojjettoota du'an irraa lubbuun warri hafan, fi hirkattoota fayyadamtootatiif dabalata galii ji'a ji'aan ni kenna. |
| ***Galii Wabii Dabalataa (SSI)*** ***[Supplemental Security Income (SSI)]*** | Inshuraansii Wabii Dabalataa (SSI) namoota galii xiqqaadhan jiraatan kanneen umuriin isaanii 65 fi isaa ol ta'e, ija hin qabne yookan qaama miidhamtootaf galii ji'aa ni kenna. |
| ***Inshuraansii Qaama Miidhamtootaa Wabii Hawaasummaa (SSDI) yookan kaffaltiiwwan qaama miidhamummaa*** ***[Social Security Disability Insurance (SSDI) or disability payments]*** | Inshuraansii Qaama Miidhamtootaa Wabii Hawaasummaa (SSDI yookan SSD), sagantaa inshuraansii mootummaa hojjettoota qaama miidhamummaa waliin jiraatanii fi maatii isaaniif galii ji'a ji'aan argamsiisudha. |
| ***Medicare*** | Medicare sagantaa inshuraansii fayyaa mootummaa namoota umuriin isaanii waggaa 65 fi isaa ol ta'eef, dargaggoota murtaa'oo qaama miidhamtoota ta'anii jiraataniif, fi namoota Dhukkuba Kalee Sadarkaa Dhumaa (Dhukkuba kalee dhaabbataa kan daayaliisisii yookan qaama jijjiirrachuu barbaadu, yeroo tokko tokko ESRD jedhamee waamamu) qabaniif kennamuudha. |
| ***Medicaid*** | Medicaid sagantaa inshuraansii fayyaa hawaasaa biyyattii namoota galii xiqqaadhan jiraataniif kennamuudha. |
| ***Sagantaa Inshuraansii Fayyaa Daa'immanii (CHIP)*** ***[Children's Health Insurance Program (CHIP)]*** | Sagantaan Inshuraansii Fayyaa Daa'immanii (CHIP) sagantaa inshuraansii mootummaa daa'imman maatii Medicaid argachuuf gahumsa akka hin qabaanne maallaqa guddaa garuu inshuraansii dhuunfaa bitachuuf gahaa hin taane argatan keessatti argamaniif uwwisa fayyaa gatii xiqqaa kennudha. Isteetiwwan tokko tokko keessatti, CHIP dubartoota ulfaa ni dabalata. |
| ***Nyaata mana barumsaa bilisa/gatiin hir'ifame*** ***(Free/reduced price school meals)*** | Sagantaan Laaqana Mana Barumsaa Biyyaalessaa (NSLP) fi Sagantaan Ciree Mana Barumsaa Biyyaalessaa (SBP) guyyaa barnootaa hunda nyaata soorataa madaalawaa gatii xiqqaa yookan bilisa daa'imman gahumsa qabaniif ni kennu. |
| ***Kireeditii Gibira Galii Hojiidhan Argame (EITC) yookan kireeditiwwan gibiraa kan biroo deebifamuu danda'an*** ***[Earned Income Tax Credit (EITC) or other refundable tax credits]*** | Kireeditiin Gibira Galii Hojiidhan Argame (EITC) kireeditii gibiraa maatileen galii xiqqaadhan jiraatan yeroo ibsa gibira federaalaa isaanii galmeessan argatanidha. |
| ***Sagantaa Gargaarsa Annisaa Manaa Galii Xiqqaa (LIHEAP)*** ***[Low Income Home Energy Assistance Program (LIHEAP)]*** | Sagantaan Gargaarsa Annisaa Manaa Galii Xiqqaa (LIHEAP) maatii galii xiqqaadhan jiraatan kaffaltiiwwan anniisaa hoo'isuu fi qabbaneessuu isaanitiin gargaara. |
| ***Hoji-dhabdummaa*** ***(Unemployment)*** | Inshuraansii hoji-dhabdummaa (UI), faayidaa hojii dhabdummaa jedhamuunis kan waamamu, gosa inshuraansii mootummaan kennu yoo ta'u, namoota dhuunfaa badii mataa isaanii malee hojii dhabaniif torban torbaniin maallaqa kaffaludha. |
| ***Beenyaa Hojjetaa*** ***(Worker's Compensation)*** | Inshuraansiin beenyaa hojjetaa namoota sababa hojiitin miidhaman yookan dhukkuba waliin jiraataniif faayidaa yaalaa fi galii ni kenna. |
| ***Deeggarsa mana jireenyaa*** ***(Housing subsidies)*** | Deeggarsi mana jireenyaa, voochariiwwan filannoo mana jireenyaa jedhamuunis kan beekamu, maatii galii baay'ee xiqqaadhan jiraatan, maanguddootaa, fi namoota qaama miidhamtoota ta'anii jiraatan mana jireenyaa gaarii, nageenya qabuu fi qulqullina qabu akka bitatan gargaara. |
| ***Gargaarsa Miseensota Waraanaa*** ***(Veteran's Assistance)*** | Faayidaan Gargaarsa Miseensa Waraanaa fi maatileen isaanii mana akka bitatan, digrii akka argatan, hojii akka jalqaban, fayyaa akka qabaatan fi kkf gargaara. |
| ***Sagantaa Nyaata Dabalata Meeshaalee*** ***(Commodity Supplemental Food Program)*** | Sagantaan Nyaata Dabalata Meeshaalee (CSFP) nyaata isaanii Nyaata USDA soorata madaalawaa ta'een dabaluudhaan fayyaa namoota galii xiqqaa qabanii, yoo xiqqaate waggaa 60 ta'anii fooyyessuuf hojjeta. |

*Sagantaalee murtaa'aniif eenyu akka ulaagaa guutuu danda'u hubachuuf akkasumas yoo danda'ame qabeenya sana argachuuf gargaaruuf waa'ee sagantaalee mootummaa biroo gaafachaa jirra.*